Guutummaa Australia keessa dubartoota, durbelee fi maatiif gargaarsi ni jira. Kanneen naannoo keetii tajaajila siif kennan armaan gadii kana laali:

Queensland
Odette Tewfik
Multicultural Women's Health
(Qindeessituu Hamilata Fayyaa Dubartoota Aad-danuu)
Project Coordinator
True
Bil: 07 3250 0250
odette.tewfik@true.org.au

Northern Territory
Kirsten Thompson
Nurse *(Nersii)*
Family Planning & Welfare
Bil: 08 8948 0144
kirsten.thompson@fpwnt.com.au

New South Wales
Linda George
Senior Health
Education Officer
(Qindaala Barsiistuu Fayyaa Hawwanii)
NSW Education
Program on FGM
Bil: 02 9840 3910
linda.george@health.nsw.gov.au

Western Australia
Carol Kaplanian
FGM & FDV Research
Project Officer
(Qorannoo FGM fi FDV Qondaala Hamilataa)
Women and Newborn
Health Service
Bil: 08 9340 1557
carol.kaplania@health.wa.gov.au

ACT
Esther Lam
CALD Liaison Nurse
(Nersii Walagarsiisa Hawaasotaa)
ACT Health
Bil: 02 6205 1078
esther.lam@act.gov.au

South Australia
Kim Voss
Social Worker
(Hojjattuu Gamtoomaa)
Women's Health Central
Bil: 08 8444 0700
kim.voss@health.sa.gov.au

Tasmania
Xavier Lane-Mullins
Community
Development Worker
(Hojjattuu Dagaagina Hawaasaa)
Bil: 03 6235 6001
xlanemullins@redcross.org.au

Michou Kadima
Community
Development Worker
(Hojjattuu Dagaagina Hawaasaa)
Bil: 03 6326 0400
mkadima@redcross.org.au

Victoria
Medina Idriess
FARREP Worker
(Hojjattuu FARREP)
Royal Women's Hospital
Bil: 03 8345 3058
Farrep.program@thewomens.org.au

Hamilatni FETFA Giddu-galeessa Aad-danuu Fayyaa Dubartootaan gaggeessama; Mootummaa Commonwealth maallaqaan gargaarama. Odeeffannoo irra caalaaf **www.NETFA.com.au** laali yookaan **Twitter@EndFGM_NETFA** irraan nu hordofi.

Adoolessa (July) 2016 haaressame

Oromo

NETFA Dhagna-qabaa Dhalaa

Dhagna-qabaan aadaa durii keessa waan dalagamaa turee dha. Tahe jedhamee dhagna hormaataa dhalaa irraa muruu yokan akka dhalootaan ture irraa geddaruu (altering) dha. Dhagna-qabaan dhalaa al tokko tokko Qaama Hormaataa Dhalaa Muruu yookaan Qaama Hormaataa Dhalaa irraa hallaguu (mutilation) jedhama.

Dhagna-qabaan dubartootaa fi dubraaf faayidaa fayyaa hin qabuuf.

Qaama dhalootaa keenya to'achuu fi tiksachuuf nuti hundi kabajaa fi ulfinaan ilaalamuu qabna. Kun akka dhala namaatti mirga eenyu illee qabaachuu qabuu dha. Dhagna-qabaa dhalaa ilaalchisees gargaarsi, gorsii fi odeeffannoo godinaalee Australia hunda keessa ni jira.

Dhibee Fayyaa

Dhalaa dhagna qabuun dhibee fayyaa kan yeroo gabaabaa fi dheeraa qabaata. Kunis:

- *Dhukkubbii laalessaa*
- *Qaama-gubaa*
- *Godaannisa*
- *Xannacha biqilchuu*
- *Dhukkuba afuuffee fi karaa fincaanii*
- *Dhukkubbii ogguu fincaananii*
- *Dhukkubbii ogguu daraaraan baatii itti dhufu yokan ogguu dhiira waliin wal bira gahan yookaan waliin ciisan*
- *Dhukkuba bo'oo fincaanii*
- *Ogguu mucaa dahumsaa (ogguu mucaa dhaluu) karaa mucaan dhalattu tatarsa'uu fi godaannisa qabaatuu,*
- *Du'a*

Mirgoota Namoomaa

Idil-addunyaatti dhagna-qabaan dhiittaa mirgoota namoomaa durbootaa fi dubartootaa tahuutti fudhatamee jira.

Dhagna-qabaan Dhalaa Essafaatti Shaakalama?



Dubartootni fi durbootni miliyoona 200 tilmaamaman addunyaa kana irraa qaamni qabamee jira. Shaakalli kun hawaasotaa fi gartuu qomoo biyyoota Africa, Giddu-galeessa Bahaa, Asia fi Kibba America kanneen akka:

Benin
Burkina Faso
Cameroon
Central African Republic
Chad
Colombia
Cote d'Ivoire
Democratic Republic of Congo
Djibouti
Ecuador
Egypt
Eritrea
Ethiopia
Gambia
Ghana
Guinea
Guinea-Bissau
India
Indonesia
Iran
Iraq
Kenya
Liberia
Malaysia
Mali
Mauritania
Niger
Nigeria
Oman
Pakistan
Peru
Senegal
Sierra Leone
Singapore
Somalia
Sri Lanka
State of Palestine and Israel
Sudan
Tanzania
Togo
Uganda
United Arab Emirates
Yemen
Zambia

Dhgna-qabaan dhalaa maal irraa akka madde hin beekamu; amantii waliinis wal hin qabatu. Gosni dhagna-qabaa hawaasotaa fi gosoota gidduutti adda adda. Biyyootni addunyaa dalagaa akkasii kana dhorkanii seeraan ala tahuu isaas beeksisanii jiran. Nuti illee waa'ee gochaa aadaa keenyaa dubbachuu fi mariyachuun barbaachisaa dha. Aadaa keenya ni jaallanna, ammo gochaa miidhaa fidu of boodatti dhiisuu dandeenya.

Dhagna-qabaa dhalaa gosoota 4

Gosa 1 yokan Sunna qinxiraama irraa walakkaa yokan guutummaa isaa muruu (kunis qaama hormaata dhalaa irra kan dhalootaan jiru dha) yokan gogaa dhalootaa naannoo qaama dhalootaa kan naannoo qinxiraamaa jiru kutuu jechuu dha.

Gosa 2 yokan Sunna Qinxiraama irraa walakkaa yokan guutummaa isaa muruu fi gogaa keessaa karaa hormaataa handaara isaa irraa muruu, kunis gogaa karaa alaa huwwisee jiru waliin muruu yokan dhiisuu kan dabaluu dha.

Gosa 3 yokan Irraa muranii walitti butanii hodhuu (Infibulation (Pharaonic)Inni kun gogaa qaamaa naannoo qaama hormaataa guutummaa isaa kutuu, karaa mucaan dhalattu walitti hodhuu fi karaa fincaanii fi daraaraan ji'aa itti alatti gadi bahu qofa hambisuu dha. Gosi inni 3fa kun osoo qinxiraama hin murin yokan qinxiraama murus kan dabalu tahuu danda'a.

Gosa 4 yokan Sunna Sababa eegumsa fayyaa takkaan wal hin qabanneen naannoo qaama hormaataa cicciruu, uruu, harkisuu, duguuguu/soofuu dha.

Addunyaa irratti dhagna qabaa inni gosa 3 yokan muranii walitti butanii hodhuu kun dhalaa baay'inni isaanii 10% tahu irra geesisamee akka jirutti tilmaamama. Dubartootni gochaa akkasii keessa dabran gargaarsa barbaachisu argachuuf waa'ee dhagna-qabaa isaanii kana Doktora yokan mana yaalaa isaaniitti dubbachuu qaban mana yaalaa isaanitti dubbatanii hiiksifachuu danda'an. Gosi 1, 2 yokan 4 hamaa miti yoo jedhame illee fayyaa fi nagahooma namaa irratti amma illee miidhaa qabaachuu danda'a.

Dhagna-qabaan Australia keessatti seeraan dhorkamaa dha.

Faallaa seeraa ti:

- *Naannoo qaama hormaataa dhalaa irraa muruu fi kutuun*
- *Qaama hormaataa dhalaa meeshaadhaan hodhuu fi walitti hodhuu*
- *Qaama hormaataa dhiphisuu*
- *Qinxiraama kutuu fi baqaqsuu*
- *Qaama hormaataa dhalaa miidhuu fi madeessuu.*

Nama seerri ni dhorka:

- *Dubartii yokan mucaa dubraa qaama dhalootaa irraa muruu*
- *Irraa muruuf nama san Australia keessaa biyya alaatti geessuu*
- *Qaama hormaataa akka irraa muramuuf Australia keessaa biyya alaa geessuuuuf gargaaruu*

Namni sun seera cabsee jira jedhama kan yoo:

- *Dhagna-qabe*
- *Dhagna-qabaa yoo gargaare*
- *Nama dhagna-qabu yoo barbaadee fide*

Dhagna-qabaan dhalaa hamma hidhaa waggaa 21 adabsiisuu danda'a.